WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Guyyaa / Date ቀን 12/10/2016
Lakk / Ref.No. ቁጥር 04/Dh-05/12:

Waajjira Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif
Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif
**Adaamaa**

Dhimmi :- **Wa'ee Komii Hojjettoota Mootummaa Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa Ilaala.**

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti **hojjettoota waajjira lafa magaalaa keessanii kan ta'an; Obboo Yeroosaa Kadiir, Obboo Abdallaa Mohaammad fi Obboo Girmaa** Shuumii Iyyata gaafa guyyaa 30/08/2016 dhiyeeffataniin miidhaan balleessaa keenya malee iddoo hojii irraa nu dhaabsisuun rakkoo hammaataaf nu saaxilanii jiru jechuun komatanii jiru. Nutis iyyata isaanii bu'uura godhachuun marii Waajjira Kantiibaa, Waajjira Lafa fi Waajjira PSMQN Bulchiinsa Magaalaa keessanii waliin komii ka'ee irrattii gadii fageenyaan erga mari'annee booda hojjettoota kana manajimantiin Waajjira Lafa Magaalaa ilaalee furmaata akka keennamuf waliigalamun ni yaadatama.

Haa ta'u malee, hojjettoota kanaaf hanga yonaatti furmaanni kenname akka hin jirre irra deebin hojjattootnii kun komii isaanii dhiyeeffatanii jiru.Kanaafiis,dhimmi hojjettoota kanaa rakkoo bulchiinsa gaarii ta'uu irra darbee miidhaa bulchiinsaa ta'ee waan argameef akkaataa Dambii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa Naannoo Oromiyaa Keessumeessuuf Bahe ; Dambii lak.154/2005 keewwata 19 keewwata xiqqaa 4 fi 5 jalatti tumamee jiruun akka sirreeffamni taasifamuu qabu tumamee jira. Bu'uuruma Kanaan miidhaa hojjettoota kana irra gahe kana bu'uura irraa furuuf qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun sirreeffama barbaachisaa ta'e fudhattanii guyyaa xalayaan kuni isin dhaqqabe irraa kaasee guyyaa hojii **5(shan)** keessatti akka nu beeksiftan isin hubachiifna.

**Nagaa Waajjin**

Faajjii Caalaa Dabal
I/A/Hogganaa Waajjiraa

**G/G**
- **Waajjira Pirezdaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif**
- **I/A/Hogganaa Waajjira Pireezdantii MNOtiif**
- **DDhBIKU Waajjira Pirezdantiif**

**Finfinnee**

Finfinnee/ፊንፊኔ/Addis Ababa
Tin N0.0001547816
(+251-11) 551 04 55
552 42 47
E-mail:oromia@oromia.gov.et
www.oromia.gov.et
(+251-11) 551 3
552
101769

CamScanner